

Wantoota Fuudhaa Heeruma Diigan

Fuudhaa heerumni dhaabbata guddaa maatii, hawaasni,biyyi fi addunyaan ittiin ijaaramaniidha. Hundeen dhaabbata kanaa yoo hin tolin,maatii qofa osoo hin ta'in hawaasni fi biyyi ni diigama. Ijoolle fi dubartoonni rakkoo garagaraatif saaxilamu. Wantoota dhaabbata kana diigan mee muraasa isaani haa ilaallu:

- 1. Sodaa Rabbii fi sabrii/obsa dhabuu** - sodaa Rabbii qabaachun mirgaa fi dirqama ofii akka beekan nama godha. Namni seera fi heera ittiin bulmaata Qur'aana fi Hadiisa godhate haala salphaan furmaata argata. Sababni isaas Rabbiin wanta ilma miidhu fi fayyadu hunda Qur'aana keessatti tarreesera. Namni sodaa Rabbii qabu haadha/abbaa manaa isaa/ishii hin miidhu, hin cunqursu. Daangaa walii eeggataa adeemu. Daangaa Rabbii eegu fi mirgaaf dirqama ofii bahuuf obsa fi wal danda'u addaan hin cinnee barbaachisa. Wanta gaarii kamiyyuu hojjachuu fi wantoota gadhee irraa of tiksuum sabrii barbaachisa. Yeroo haadha/abbaa manaa ofittii aaran, aarii ofii miciquu fi qabbaneessuf obsaa fi sodaa Rabbii barbaachisa. Namoonni baay'een yeroo aaran wanta dubbatanii fi dalagan hin beekan. Wantuma afaanitti dhufee gadi haqqisuu. Boodarra akkana nan jette jirta jedhamanii yoo gaafataman, guyyaa adiin kaadu. Sababni isaas yeroo dubbatan san of hin beekan;dubbiin isaani summii akka taate osoo hin beekin gadii dhangalaasu. Salphinnaa fi gadi xiqqeenya dubbii isaani kan baran erga aariin qabbanaa'edha. Kanarraa kan ka'ee wal diiggaa fi wal hiikun dhufa. Sababa jechoota summii walitti dhangalaasaniif garaan isaani ni madaa'a, hariiroon isaani ni cita. Furmaanni keenya addaan bahuudha jedhu.

Kanaafu fuudha heerumni dhaabbata ol'aana maatii fi biyyi irraa ijaarramu beekne wantoota isa diigan irraa fagaachu qabna. Wanti haasofnu miira walii kan hin miine fi daangaa kan qabu ta'uu qaba. Yeroo aarru obsaan aarii keenya gadii liqimsuun daafaa fi miidhaa arrabaa keenya irraa dhufu salphatti hanbisuu dandeenya. Namni yoo cal'isee nageenyaa fi tasgabii horata. Yoo dubbatee immoo nageenya yookaa jeequmsa buufata. Kanaafu wanta dubbannu madaalaa dubbachuun nageenya keenya eegu dandeenya. Yeroo aarii osoo gonkumaa dubbachuu baatanii badii hammana hin jedhamnerraa nama tiksa.

Mee mammaaksa Oromoo kanniin irraa haa barannu; ***“Karaa fi dubbii odoo arganuu irraa goranii. Cal’isaan olla waliin bulaa.”***

Furmaata: namni hanga fedhe gadhee fi jibbamaa haa ta’uu guyyaa tokko nama gaarii fi jaallatamaa ni ta’a. Kunii immoo ta’uu kan danda’u carraaqi ofiitin amala moofaa ofirraa baase amala gaarii isa haarawa ta’ee yoo ofitti direedha. Kuni immoo ta’uu kan danda’u sodaa Rabbii fi obsa qabaachuf yoo carraaqedha. Sodaa Rabbii fi obsa qabaachuf beekumsa barbaadu, hiriyyaa gaaritti michoomu fi namoota gadhee irraa fagaachuuni. Namni akka mukaa jallatee kan hafuu osoo hin ta’iin jijjiramu akka danda’u of amansiise gara hojiitti haa tiratu. Adeemsa of jijjiruu keessatti dogongorrii waan uumamuuf dogongoraa sodaate fi saalfate duubatti mucucaachu hin qabu.

2. Jarjaruu- Namoonni yeroo dhaabbata fuudhaa fi heerumaa dhaabuf hedan ni jarjaru. Dafee ishii/isa waliin wal haa argu jedhanii ariifatu. Maalummaa fi amala nama sanaa gadi dhaabbatanii hin xinxallan. Yookiin immoo fuudhaa heeruma hundeessuf haal dureen jalqabaa maal akka ta’ee sirritti osoo addaan hin baafatii wal fuudhutti fiigu. Yeroo baay’ee namoonni haal dureen jalqabaa kaadhimaa ofii itti filatan diinagdeedha. Haa ta’uu malee haal-dureen jalqaba kaadhimaa ofii itti filatan imaana fi aklaaqa gaarii akka ta’ee erga buufata dhaabbata fuudhaa heerumaa keessa seenaniin booda hubatu. Akkuma Oromoon jedhu ‘Jarjaraan re’ee hin horu.’ Namni jarjaruu wayittu hin bu’uu. Gadii dhaabbate bu’aa fi miidha wanta hojjatu sirritti hin xinxallu. Hanga wanta tokkotti bu’utti fiixe wanta sanaa qabate waliin kaachudha.

Namoonni gariin immoo dhaabbata fuudhaa heerumaa erga hundeessanii booda aarii isaani too’achuu hin danda’an. Wanta dubbataniif gatii hin kennan. Aarii ofii qabbaneessuf arrabaan haadha/abbaa manaa ofii duugu. Arraba ofii hiidhu hin danda’an. Hanga wanta garaa keessa jiruu guutuu dubbatanii fixaniif jarjaru. Akkuma Oromoon jedhu, “Alanfatan malee liqimsuun yaadan malee dubbachun of balleessudha.”

Namni jarjaraan ofillee galaafate namallee galaafata. “Albaatif qoosan abbaa balleessaa. Qoonqo jarjartuun abbaa huuti.” Jedha Oromoon.

Furmaata: “Osoo hin hubatin hin gugatin.”

3. Garmalee aaruu- Aarun uumama namaati. Haa ta'uu malee aarin daangaa hin qabne nama miidha. Wanta argan hundaaf aarun amala gowwaati. Akkasumas wanti garmalee barbaachisaan yoo badu cal'isanii ilaalu fi aaru dhiisun amala nama itti gaafatamummaa hin qabne fi doofadha. Fakkeenya, sababa birchiqoon cabdeef ganamarraa hanga galgalaa aarun amala nama gowwaati. Akkasumas yeroo amantiin ofii fi hordoftoonni isaa cunqurfaman aaru fi quqamuu dhiisun amala nama doofaa fi ittigaafatamummaa hin qabneeti. Sababa aaritin humni fi kaka'umsii ni uumama. Diina namatti dhufee ofirraa miliqsan. Fuudhaa heeruma keessatti aarin barbaachisa miti jechuu keenya osoo hin ta'in daangaa qabachuu qaba. Wanta xiqqoo abbaan/haati manaa balleesse/balleessiteef aarin mataa of bobeessun bu'aa tokko hin qabu. Akkuma Nabi Muhammad(Nageenyi fi Rahmanni Rabbii isaaniratti haa jiraatu) jedhan, "***Namni cimaan wal'aanso bahe wal'aansoo kan kufifate osoo hin ta'iin, aarii ofii kan too'atedha.***" Kanaafu namni hanga fedhe humnaa fi qabeenyan cimaa yoo ta'ee, aarii ofii yoo hin too'atin inni nama gadiidha. Ibn al-Qayyim akkana jedhu, "Aarii kee wal danda'uun hidhi. Aarin sareen wal fakkaata. Yoo gadi lakkiste miidhaa baay'ee geessa."

Namni fuudhaa heeruma keessatti jireenya gaarii hawwu aarii ofii gadii qabuu fi too'atu qaba. Wantoonni baay'een isa aarsu fi ibiddi mataatti qabsiisu danda'u. Haa ta'uu malee gatiin wantoota badee fi aarii too'achuu dhiisu irraa miidhaa dhalatu gadi. Wanti bade duubatti hin deebi'uu. Garuu, jechoonni aariin dubbataman manatti ibidda qabsiisu. Dhaabbata bu'uuraa fi hundee biyyaa kan ta'ee maatii diigu, addaan facaasu.

Kanaafu fuudha heeruma milkaa'innaa fi gammachuu qabu jiraachuf namni tokko aarii ofii gadi qabuu fi too'achuu qaba. Gatii fi miidha wanta aaruf sanii beeku qaba. Wanta yartuu hundaaf aarun amala gowwaa akka ta'ee haa xinxallu.

4. Wanta hundaaf walitti qanyiisu/nyakanyaku- Namoonni tokko tokko nyakkisuun akka waan isaan waliin dhalatee wanta yartuu hundaaf osoo nyakanyakanii sammuu ofii dhoosu. Wanti xiqqaa fi guddaan isaan biratti wal

qixa. Wanti xiqqoon yoo badde manatti ibadda qabsiisan. ‘Maaliif akkana ta’ee? Maal osoo hojjattu kunii bada?maa akkana hin gootu? Akkamitti akkana jetta erga balleessite raawwatte booda?’ gaafilee kana fi kan kana fakkaatan dhihessun balaa wanta badee caalaa fidu. Cal’isanii furmaata barbaadu dhiisanii sababa adda addaa walitti xaxu. Walitti nyakanyakuu irraa kan ka’ee halkanii guyyaa manni ni dukkanaa’a. Harmeen koo yoo na eebisan akkana naan jedhu,”Manni ciqiciqii bar mana dukkanaati. Nageenyi hin jiru. Rabbummaan mana keessan mana ciqiciqii hin godhiin. Niiti gaarii isinitti haa qabu. Duniyaan hanga feete haa baay’attu manni ciqiciqii mana dukkanaati” Manoota baay’ee irra deeme yoo ilaalu manni ciqiciqii(nyakanyaka) qabu mana dukkanaa akka ta’ee sirritti naa galte. Fuulan walitti toluun qabeenya kamiyyuu caalaa mi’aawadha.

Manni nyakanyaka qabu ijjolleen seeran akka hin guddanne godha. Nageenyaa fi tasgabbi manaa balleessa. Yoomuma nageenya argadha jette/jedhe yaaddofti/yaaddawa. Furmaanni isa dhuma wal hikkaa akka ta’eetti yaadun maatii ofii bittineessu.

Furmaata: nyakanyakuun miidhaa malee bu’aa tokko kan hin buusne ta’uu dursinee beeku qabna. Sammuu ofii cinquu fi dhuuffisuu malee furmaata gonkumaa ta’uu hin danda’u. furmaanni harka kaadhimtoota lamaani jira. Dubbii gaarii walitti haasawu fi waliin mari’achuun rakkoo ofii haala salphaan hiikkachuu danda’u. Wanta badeef arraba ofii lugaamun furmaata hundaa caaludha. Kanaan ala garuu lukkuun kormaan hanga fedhe yoo kaakkise killee buusu hin danda’u. Hanga fedhan yoo walitti kaakkisan/nyakkisan furmaanni tokko dhufuu hin danda’u. Kanaa mannaa waliin mari’achuun rakkoo fi furmaata tarreessudha.

5. Shakkii fi hinaafa daangaa hin qabne – Wal shakkuun amala ilma namaati. Haa ta’uu malee akkuma wantoonni hunduu daangaa qaban shakkii fi hinaafnis daangaa qaba. Haadha warra tiyyaa shakkuu fi hinaafu mirga qaba jenne sobaa hin jirre irra kaa’un cubbuudha. Wanta sheeyxaanni nutti hasaasu hunda dhugaa goone fudhachuun haadha warraa keenyarratti summii dubbii dhangalaasun jaalala fi hariiroo jiddu keenya kutuudha. “**Osoo hin guuttatin hin gugatin.**”,jedhe Oromoon. Wanta shakkinu san osoo sirritti addaan hin

baafatin cal'isneetumaan fiigun miidha baay'eef nama saaxila. Kuni soba moo dhugaa,dhara moo haqa jenne xinxallu qabna.

Furmaata: niiti ykn dhiirsa ofii shakkuu fi hinaafun wantuma jiru ta'ee daangaa isaa qabsiisun dhaabbata jireenya akka hin diigne godha. Yoo niitin tee nama tokkotti bilbilte, 'Edaa atii nama akkanaa waliin jirta!' jettee shakkiin maqaa wal xureessun duratti suuta fi mariin wal gaafachu barbaachisa. Wantoota shakkii namatti naqanirraa fagaachudha. Shakkiin wal amanamummaa jiddu namoota lamaani balleessa. Kanaafu,mobiyilii niiti teeti guyyaa guyyaan gorogortee 'Kana maaliif bilbilte? Kuni eenyudha? Ati edaa nama biraa waliin jirta' jechuun jaalala fi wal amantummaa jidduu keessanii qancarsa. Shakkiin gara morkiitti nama oofa. Akka ati aartuf qofa niitin/dhiirsi kee wanta garagaraa sirratti hojjatti/ta. Shakkii badaa irraa of tiiksuf sheeyxaana abaarameerra Rabbitti mangafadhu. Sababni isaas sheeyxanni haati fi abbaan manaa wal shakkani akka wal diigan barbaada. Yommuu abbaa/haadha manaa kee wanta badaan shakkitu akkana jedhi, "A'uzubillahi mina sheyxaani rajim' sheeyxaana abaaramerraa Rabbiin tiikfama. Dubbii dhugarraa fagaate namootarraa fudhachun mana keetti lolaa fi dallansuun ibidda hin qabsiisin. Wanta shakkitu san dubbatuun dura dhugaa yookin soba ta'uu isaa sirritti itti xinxalli. Shakkii kee namuma argitetti hin odeessin sitti kolfaniiti.

6. Sobuu fi wal amanuu dhiisu – Wal amanuu fi iftoominni bu'uura maatii tokkoti. Maatii tokko keessatti wal amanuu fi iftoominni yoo dhabamee, walitti bu'iinsaa fi addaan bittinaa'utu dhufa. Haadhaa fi abbaan yoo kan wal soban ta'an,ijjolleenis sobaa isaanirraa barachuun hawaasaa fi biyya irratti miidhaa guddaa dhaqabsiisu. Sobaan qabeenya ummataa saamu. Kana dhiisati qabeenya abbaa fi haadha ofii sobaan hatu.

Dhugaa fi wal amanuun jiddu dhiirsaa fi niititi yoo dhabamee jaalalli isaani ni bada,wal diiggan ni dhufa. Wal amanuun inni guddaan siree irra nama biraa waliin ciisu dhiisudha. Kana jechuun wal qunnamti saalaa niiti/dhiirsa ofii malee kan biraa waliin raawwachu dhiisudha. Bakka dhiirsi hin jiretti niitin siree isaa irra nama biraa kan cibsitu yoo taate hiddi wal amanamummaa buqqa'ee jira jedhama. Namoonni lamaan amaanaa kana tiksu kan danda'an

yoo Rabbiin sodaataniidha. Amaanaa kana hanga tiiksanii amaanan biroo eegun salphaadha.

Wal amantumaan jiddu namootati kan badu yoo wal sobaniidha. Soobni hundee badii hundaati. Yommuu haati fi abbaan manaa wanta xiqqoo irratti wal sobuu jalqaban wanta guddaa irrattiis wal shakkuu eegalu.

Furmaata: Wal amanuu fi iftoominni akka hin banne namoonni wal sobuu fi wal gowwomsuu dhiisu qabu. Niitin dhiirsa kan sobduu fi gowwoomsitu yoo taate abbaan manaa ishii amaanaa armaan olii irrattiis shakkaa adeema.

Kanaafu wal sobuu fi gowwomsuu dhiisani jidduu ofii iftoominnaa fi waliin mari'achuun waliin jiraachu qabu. Niitin wanta xiqqoo badeef dhiirsi kiyya na ajjeessa jette sobuu hin qabdu. Dhiirsis wanta yartuu hundaaf ishii adabuu fi loluuni hin qabu. Wanta hundaaf kan nyakisuu/nyakistu fi arrabsuu/arrabsitu yoo ta'ee/taate amaanaan armaan olii akka jalaa miidhamu fi wal amanuun akka dhabamuu haa beeku/beektu.

7. Dogongora ofii amanuu dhiisu- Namoonni tokko tokko akka waan samii irraa bu'aniititti sirrii fi dogongora irraa kan fagaatan godhanii of ilaalu. Gonkumaa waan dogongoran itti hin fakkaatu. Dogongora isaani yoo itti himan ni aaru,ni mufatu. Namatti boonu. Dubbii namarraa fudhachuu hin beekan. Ana malee namni biraa sirriin hin jiru jedhanii yaadu.

Wantoota dogongora ofii akka hin amanne godhan keessaa tokko,"Yoo dogongora koo amane namni maal naan jedha?;Namtittiin tunii matarratti na albaati;" fi kkf jechuun namoonni dogongora ofii amanuu dhiisu. Kunii immoo rakkoon akka walitti xaxamuu fi furmaata akka hin arganne taasisa. Har'a dogongoree jira ammaan booda itti hin deebi'uu yoo jedhu boruma nyakkisa ofitittii deebi'a. kunii afaanitti dhadhaa wal diibanii garaan walitti madaa'udha. Yerooma hunda dogongora wal fakkaatu hojjataa itti hin deebi'uu jedhanii sobuun garaan akka addaan citu godha,jaalala fi hariiron namoota ni miidhama. Namni dogongoraa fi miidhaa isaatirraa baruu qaba. Dogongora ofii qofarraa osoo hin ta'iin kan namoota biro irraayis barnoota guddaa barata. Maatii kana maaltu akkanatti addaan diige jedhe barnoota irraa fudhachuun diiggan maatii isaa keessas akka hin seenne of eggannoo gochuu qaba. Namni osoo ijaan arguu akkamitti qilee tokkotti darba. Wanta maatii san diige ilaale innis balaa sanirraa of hin qusatu?

Furmaata: Ilmi namaa kamiyyu dogongora irraa kan hin fagaanne namni tokko dursee beeku qaba. Kuni dogongora kiyyaa mitii jedhe akka dhagaa goggu hin qabu. Namoota saalfate, 'Namni maal naan jedhan?', Namtittiin tunii matarratti na albaati.' jedhe dogongora ofii amanuu dhiisu hin qabu, dogongora ofii amanuu qaba. Namni maatii ofii diigu fi dararuu hin saalfatuu akkamitti dogongora ofii amanuu saalfataa!? Dogongora ofii amanuu isaatiin sadarkaan wayitu akka irraa hin hir'anne inumaa akka dabalamuuf haa hubatu. Namni Rabbii jedhe gadii jedhe, dhiifama nama godhe fi of tuulinsa isaa gadi qabe Rabbiin sadarkaa isaa akka ol kaasu haa beeku/tu. Namoota Rabbii jedhanii gadi jedhanii, namaa dhiifama godhanii fi of tuulinsa isaanii achii gatan Rabbiin akkamitti sadarkaa isaanii akka itti ol kaase haa qoratu/qorattu.

8. Kan ani jedhe malee kan biraa hin ta'uu jechuu (being stubborn)-

Maatiin mana maree guddaa rakkoo fi furmaanni mariin hiikamu fi argamuudha. Mariin immoo kan gaggeefamuun yaada nama tokko fudhatanii kan biraa achii gatanii miti. Yaanni namoota lamaa hanga fedhe gargar haa ta'uu lachuu bu'a qabeessa akka ta'eetti yaadamu qaba. Yaada rakkoo furuu fi furmaata ta'uu danda'utti dhihaatu fudhatanii kaan immoo akka utubduutti itti fayyadamuu barbaachisadha. Yaanni kee sirrii miti, achii gati, koo qofatu sirridha, fudhachuu qabda jedhanii namatti fe'uun cunqursaadha.

Haadha warraa waliin mari'atanii murtoo tokkorra waan gahaniif akka salphinaatti ilaalun aadaa duubbatti hafaa fi dogongoraati. Dubartittinis yeroon yeroo dimookraasiti jette wanta hundaa ofii kan murteessitu fi dalagdu taate miidhaa baay'eef akka of saaxila jirtuu haa beektu. Amiiirri(hogganaan) manaa osoo dhiirsa ta'ee jiruu aangoo isaa irraa saamachuun yeroo ammaa kanatti maal jedhama! Yoo ishiin wanta hundarratti amiira taate ijjoole eenyutu guddisaa, eenyutu nyaataa dhugaati godhaaf? Isa akka meeshaa achii keette wanta hunda ofii murteessun dubartiif salphinnaa miti? Innis akka daa'ima waa hin beeknetti ishii ilaale wanta hundaa ofii murteessu hin saalfatu? Ishiinis maatii keessatti qooda guddaa akka qabdu hin hubatu?

Maatii tokko keessatti miseensi kamiyyuu qooda mataa ofii qabaachu qaba. Tokko akka harreetti hojjate kan biraa taa'ee akka bineessatti yoo nyaate, wal qixxumaan ni dhabama, jaalalli fi hariiron isaani dadhabaa

adeema. Wanta kamiyyuu irratti wal gargaara kan adeeman yoo ta'an jaalalli fi hariiron isaani ni cima. Mucaa dhiirati mucayyoo dubartii gabritti godhuun wal qixxumaa miti. Uffata ofii ofi michachuu qaba. Qodaa keessaa nyaate dhiquu qaba.

9. Dubbii hin taane namarraa guuru, wal hamachuu – Sheyxaanni hanga ilma namaa wal lolchisisu fi karaa haqaa irraa maqsutti boqonnaa hin fudhatu. Sheyxaanni kan jinni fi namaatu jira. Aslimaa hiikkan sheeyxaanaa 'Wanta gara gadhee fi badiitti nama yaamudhu.' Namoonni waliigaltee fi wal taa'insa maatii tokko yoo argan ni waanyu. Karaa ibidda mana isaanitti qabsiisan barbaadu. Mee seena takka tan Shek Muhammad al-Arifin haasawu isinii haa odeessu. Dargagoota sadii kan garmalee wal jaallatantu ture. Isaan keessaa tokko dubartii Qur'aana haffastee fi Imaana qabdu fuudhe. Kaadhimtoonni haarawa wal fuudhan kunniin garmalee wal jaallachuu fi wal ta'uu jalqaban. Hiriyyoonni isaa tunniin itti hinaafanii karaa isaan addaan baasaniin barbaadan. Akkana waliin jedhan, "Yeroo inni diida deemu 'Namni tokko dhufee konkolaatan mana keeti haadha manaa tee fudhate waliin deeman.' haa jennuun"

Akkuma waliin mari'atan godhan. Hirriyyoota isaa keessa tokko dhufee oduu armaan olii itti odeesse. Innis deeme hiriyyaa lammataa yoo gaafatu oduu wal fakkaatu innis itti odeesse. Namtichi kunii haadha manaa ofiitti galee, "Maaliif konkolaatan nama akkanaa waliin deemta?" jedhe itti ka'ee. Haati manaas "Ani nama Qur'aana haffasee akkamatti akkana hojjadha?" jetteen. Innis wanta ishiin jettu jalaa hin dhageenne lubbuu ishii galaafate. Seenan tunii osoo shek Muhammad Al-Ariifin mana hidhaa keessa deeme sababa itti hidhamanii hidhamtoota osoo gaafatu dargageessi kunii seenaa armaan olii odeessef. "Amma murtii du'aa eeggachaa jira." Jedheen.

Mee ilaalaa dubbii hin taane namarraa guurun miidha guddaa akka namatti fidu. Hanga fedhe namni walitti haa hiriyyoomu niiti/dhiirsa caalaa hiriyyaan garmalee namatti aanu hin jiru. Niiti /dhiirsa ofii nama biraa irratti hamachuun fi maqaa balleessun jibbisiisadha moo jaallatamaadha? Eeti furmaata argachuuf namni walitti himata. Haa ta'uu malee maqaa wal xureessun gonkumaa furmaata fiduu hin danda'u rakkoo xaxuu malee. Hanga ilma namaa walii falfaalaa fi rakkisaan hin jiru. Yoo dheebotte beelofte, yoo dararamte rakkatte malee toltuu fi wal ta'iinsa namaa hin fedhan. Wanti gaariin isaan gaddisiisti wanti badduun si qunnamu isaan

gammachiisti. Seenan armaan olii akka fakkenyatti tuqne malee hawaasni baay’een dhibee kanaan kan madaa’edha. Dubbii sobaa fi dharaa namarraa gurani ofii fi maatii ofii dararu. Osoo hin hubatin gugatan. Akkamitti qalbii namaa madeessa,akkamatti nama seenessa dubbii hamtuu namarraa guuranii wal diigu fi miidhaa walirraan geessun!

Furmaata: Ammas mammaaksa Oromoo irra deebi’uun,”Osoo hin guuttattin hin gugatin.” jenna. Hanga feete namatti hiriyyoomi dubbii namarraa fuutu sirritti osoo hin hubatin murtoo tokko irra hin gahin. Dubbiin sunii dhara yookin dhugaa ta’uu isaa sirritti hubadhu. Wanti sitti himame hanga fedhe si haa aarsu osoo hin hubatin lolaa fi dallansuun manatti ibidda hin qabsiisin. Tasgabbaa’i. Niiti/dhiirsa kee caalaa hiriyyaan gaariin sitti dhihaatu hin jiru. Dubbii namarraa fuute san isa/ishii waliin mari’achuun soba yookin dhugaa ta’uu sirritti addaan baasi. Furmaata kanaa mee jecha Rabbiitin haa gudunfuu:

(يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا إِن جَاءَكُمْ فَاسِقٌ بِنَبَأٍ فَتَبَيَّنُوا أَن تُصِيبُوا قَوْمًا بِجَهَالَةٍ فَتُصْحَبُوا عَلَىٰ مَا فَعَلْتُمْ نَادِمِينَ)
[Surat Al-Hujraat 6]

“Yaa warraa amantanii hoo,faasiqni oduudhaan yoo isinitti dhufee dogongoraan namoota akka hin miine fi wanta hojjattaniif akka hin gaabbine (oduu isaa) addaan baafadha.”

Suuraa Al-Hujraat : 6

Hiikka jecha ‘Faasiqni- kaadi,(disobedient)’

10. Wal tuffii fi of tuulu- Dhiiben wal tuffii fi of tuulu hawaasa kamiyyuu keessatti babal’ate kan argamuudha. Namoonni baay’een qabeenyan of tuulu akka waan zalaalamii waliin jiraatanitti. Namoota kaannin immoo homattu hin lakkaa’an. Qabeenyi amaana Rabbiin itti kenne akka taate hin beekan. Waa’ee qabeenyan of tuulu asumatti dhaabne wal tuffii dhiirsa fi niiti jiddu mee haa ilaallu.

Wal tuffiin hir’inna,walitti dallanuu,anatu caala ofiin jechuu fi kkf irraa madda. Haati manaa hir’inna wayii dhiirsa irratti yoo argituu tuffachuu jalqabdi,itti of tuulti. Hir’inni amala namoota ta’ee osoo jiruu akka waan ofii hir’inna wayitu hin qabne of ilaalun namoota biraa tuffata/tuffatti. Namni hunduu kennaa addaa Rabbirraa isaa kenname qaba. Ilmi namaa guutu fi hir’innarraa kan fagaate miti. Hanga fedhe beekumsa haa qabatu wanti hin beekne lakkaawwame hin dhumu. Hanga fedhe quufaa fi qabeenya haa

qabaatu,qabeenya dabalataa barbaaduf gadi hin ta'uu. Kuni hundii hir'inna ilma namaa agarsiisa. Kanaafu,hir'inna keenya walirratti ilaalun wal tuffachuun doofummaa fi wallaalummaa calanqisiisa.

Namni qaruute fi beekan osoo mataa ofiiti hir'innaa fi dogongora qabaatu hir'innaa fi dogongora namoota ilaale nama hin tuffatu. Wanta gaarii ofii hojjatuuf ofi hin tuulu. Gara niiti fi dhiirsaatti yoo deebine isaan lamaan wanta hundaan wal fakkaatanii hin uumamne. Innis ishiinis dandeetti fi beekumsa garagaraa qabu. Ishiin dubartiidha gatii hin qabduu jedhee yoo dhiirsi tuffatee eenyutu gatii kenneefi haadha ijjoolle isaa taatif ree? Ittigaafatamummaa inni baadhachuu hin dandeenye eenyu haa baadhatuf ree? Hanga feete hir'innaa fi dogongora haa qabaattu wanta ishiin irraa dandette inni gonkumaa hin danda'u. Akka fakkeeniyatti yoo fudhanne, osoo ishiin manaa jalaa baate daa'ima isaa eenyutu harma hoosisaaf? Kanaafu itti gaafatamummaa fi gahee ishiin qabdu hubachuun tuffii fi of tuulu manaan alatti ofirraa haa baasu.

Dhiirsa qofaa miti kan niiti tufatu niitinis dhiirsa ni tuffatti. Kuni nama leemshayaa wayii hin tolle jette bakka itti tuffattutu jira. Isa akka meeshaa achii keetti ittigaafatamumma fi ba'aa hundaa ofirratti baachisti. Dubbiin kana osoo hin ta'iin ittigaafatamummaa fi gahee isaani mana keessatti taphachuu qabu.

Furmaata: akka furmaatatti jedhe kan kaa'u namni tokko dhibee of tuulu,wal tuffii fi kkf fayyuu kan danda'u soda Rabbii yoo qabaatedha. Sodaa Rabbii immoo kan qabaatu yoo Isa beekedha. Kan ittiin Isa beeku immoo yoo kitaaba Isaa kan ta'ee Qur'aana yoo qo'ate fi itti buleedha. Namni of tuulu namni meeqa akka isa caalu haa beeku. Hanga fedhe of haa tuulu irra ijigatee ardii baqaqsuu fi ol dheeratee gaaran wal qixxaatu akka hin dandeenye haa hubatu. Wanti inni ittiin of tuulu harka isaa akka hin jirree haa xinxallu. Qabeenyan yoo of tuule bubbeen yookiin roobni sa'aati walakkaa akka jalaa balleessu haa qoratu. Beekumsaan yoo of tuule dhibeen gosa takka daqiiqaa muraasa keessatti akka irraafachistuu fi jalaa haaqxu haa xinxallu. Namoonni gara baay'een milkaa'inna guddaa galmaan gahan kan of hin tuulle fi nama hin tuffannee ta'uu isaanii haa qoratu. Ammas furmaata kanaa jecha Rabbiitin xumura:

(وَلَا تَمْشِ فِي الْأَرْضِ مَرَحًا إِنَّكَ لَنْ تَخْرِقَ الْأَرْضَ وَلَنْ تَبْلُغَ الْجِبَالَ طُولًا) [Surat Al-Isra 37]

“Of tuulaa ardii irra hin deemin. Dhugumaan (of guddisuu keetin) ardii hin urtu. Dheerattes gaaran wal hin qixxoofu.” Suuraa al-Israa :37

GUDUNFAA

Dhaabanni fuudhaa heeruma
dhaabbata taphaa dhiira fi
dubartiin fedhii ofii qofa
guuttachuuf kan hundee famu miti.

Kaayyoon guddaan fedhii ofii qofa guuttachuuf yoo ta'ee dhaabbanni kunii salphaatti fi yeroo gabaabatti diigama. Kanaafu ,kaayyon dhaabbata kana sirritti bal'ifamee ilaallamu qaba. Dhaabbanni kunii eddoo maatiin itti ijaarramu,ittigaafatamummaa fi dirqama ofii itti bahanidha.

Wantoota dhaabbata kana diigan irraa fagaachun barbaachisadha. Aarii ofii gadi qabuu fi too'achuu barbaachisadha. Aarii ofii too'achuun qofti mataan isaa gaha miti araaramaa fi walii dhiisun yoo hin hordoofsiisin. Kana irratti namoota gosa afurtu jiru. Isaanis:

- 1.Kan aarii ofii too'atu fi namaa araaramu,gadoo wayitu kan namatti hin qabanne.
- 2.Kan aarii ofii too'atu garuu gadoo kan kuufatu,garaan kan namaa hin dhiisne fi hin araaramne.
3. Kan aarii ofii too'achuu hin dandeenye garuu yoo itti cabee dafee kan namaa dhiisu fi araaramu. Wanta keessa jiruu dafee haqqisuu barbaada.
4. Kan aarii ofii too'achuu hin dandeenye fi kan namaas hin araaramne fi dhiisne.

Inni baayeessi(gaariin) nama jalqabaati. Nama akkasii ta'uuf carraaqu qabna. Rabbiin nama akkasii nu haa godhu. Barruun tunii rakkoo fuudhaa heerumaa guutu furtii osoo hin ta'iin hamma danda'ame dukkana saaqun ifa ibsuuf yaalti. Yoo kan isin fayyaddu taate namoota biraas akka fayyaddu walii dabarsaa.

Qopheessan: Jireenya Badhaatu(J.A)

E-mail - sammubani@hotmail.com

Website: www.sammubani.wordpress.com

Facebook page: www.facebook.com/jireenyabadhaatu

Facebook account- www.facebook.com/sammuubani